Haasawa isaa ittuma fufee "...Umar isan boo'u argee maaliif akkan boo'e na gaafate. Anis haala isaa gaaf duraa fi kan ammaa wal-bira qabee akkan boo'en itti hime. Innis akkas naan jedhe.

'Yaa Arjaa'a lubbuun koo lubbuu hawwituu dha. Gaaf duraa intala abbeeraa kootii Faaximaa fuuchuu hawwite. Nan argadhe. Ittuma fuftee bulchiinsa Madiinaa Rasuulaa hawwite nan argadhe. Ammas hin dhaabbanne Khaliifummaa hawwite isiis nan argadhe. Amma ammoo jannata hawwaa jirti. Akkan argadhus abdiin qaba.

Osoo hawwiin koo inni guddaan kun galma naaf ga'uu isaa hin mirkaneeffatin maal godheen jiruu biyya dunyaatiin qanani'a jetta?.' Naan jedhe." Jechuun haasawa isaa xumure.

Abdallah ibnu Diinaar dubbatee "Umar Ibnu Abdul Aziiz guyyaa gara aangootti dhufu irraa eegalee man-kuusa qabeenya ummataa irraa wanta tokkollee fayyadamee hin beeku." Jedha. Kanuma irratti hundaa'uun namoonni aangoo irra jiran fi namoonni isatti dhihoo ta'an haala innii fi maatiin isaa keessa jiranu waan beekanuuf waliin mari'atanii Umariin haasofsiisani. *"Yaa Umar osoo hanguma Umar Ibnul-Khaxxaab yeroo bulchaa ture sana isaaf kennamullee*[45] *taatee man-*

[45]Akkuma kitaabota seenaa kanneen akka (Al-Kulafaa'u Ar-Raashidiin;Ibnu Kasiir, Umar Ibnul-Khaxxaab;Muhammad Ridaa,...) keessatti ibsametti. Umar Ibnul-Kaxxaab bara bulchiinsa isaa keessa dhimma bulchiinsaatiin qabamee waan yeroo hin arganneef sosocho'ee qabeenya hanga maatii ofiitiifillee soorata kennu hin arganne ture. Kanaafuu isaa fi

kuusa qabeenya ummataarraa waa fudhadhu." Jedhaniin. Inni garuu "Umar Ibnul-Khaxxaab yeroo sana woma tokkollee hin qabu. An garuu hanga na ga'u qaba. Kanaafuu na hin barbaachisu." Jedhee deebii jala muramaa kenneef.

Ammas mee daballee haa ilaallu.

Haati manaa Umar Ibnu Abdul Aziiz gabrittii abbaan isii isiif kenne tokko qabdi turte. Gabrittiin sunis baay'ee bareeddi. Kanaafuu Umariif ergitee akka inni dhimma barbaadu yoo qabaate bahatuuf affeerte. Umaris akkuma isiin dhufteen gaaffii gaafateenii *"akkamitti gabrummaa kana keessa seenuu dandeesse?"* jedheen. Isiinis wanta jirumara itti himte.

"Ani afriikaa keessaa maatii ***barbar*** *jedhamtu irraayyin dhaladhe. Bara bulchiinsa Abdulmalik ibnu Marwan keessa. Iddo bu'een Abdulmalik kan afriikaa irra jiru sun Muusaa ibnu Nasiir yeroo gara keenya dhufu waraanni geggeeffamee ture. Waraana sana keessattin booji'ame. Muusaanis Abdulmalik ibnu Warwaaniif na erge. Abdulmalik ammoo intala isaa Faaximaadhaaf na kenne. Faaximaanis dabaree isiitiin si'iif na ergite."* Jettee itti himte. Innis akka malee gadde. Waraana isii tiksu qopheessuun gara maatii isiitti (gara afriikaa) isii deebise.

Zubeer ibnu Bikaar namni jedhamu tokkos akkas jedha. "Umar guyyaa tokko mana koo dhufe. Wanti nyaatamu jiraachuus nu gaafate. Nus wanta qabnu irraa

---

maatii isaatiif man-kuusa qabeenya ummataa irraa guyyaatti ciree ganamaa fi irbaata galgalaatu isaaf murtaa'ee ture.

dhiheessinaaniif tamrii nyaatee bishaan itti dhuge. Xumura irrattis *'nama ibidda jahannamaa*[46] *garaasaatti nyaatu. Rabbiin isa haa fageessu.'* Jedhee ba'e." jedhee nuuf hima.

Akkasumas guyyoota keessaa guyyaa tokko haadha manaa isaa Faaximaa bira deemuun Inaba[47] bituu waan barbaadeef dirhama tokko yoo harkaa qabaatteef gaafate. Isiinis akka hin qabne itti himtee *"Yaa Umar ati maqaan kee bulchaa biyyoota kana maraati. Garuu dirhama ittiin Inaba bitattu of harkaa hin qabdu. Kun dubbii maaliiti?"* jetteen. Umaris deebii gaaffii isiitiif *"Yaa Faaximaa dhiisi har'a beela'uu keenya wayyaa bor ibidda jahannamaa soorachuuttii."*jedheen.

Rabii'ata ibnu Axaa' namni jedhamu tokkos yaroo haasa'u "Umar guyya tokko salaata jumu'aa boodatti harkifatee dhufe. Anis akkanni barfate itti himeen maaliif akkanni barfates gaafadheen. Deebii gaaffii kootiitiif akkas naan jedhe. *'Yaa Rajaa' gurbaan an uffata koo akka naaf miiccuuf itti kennadhe uffata na jalaa turseeti. Ani ammoo uffata sana malee hin qabu.'* Naan jedhe. Anis hamman gaafadhen rifadhe." Jedha.

Kana malees yeroo inni salaata jumu'aa salaachisee ka'u gurbaan tokko uffata Umar uffatee jiru hubatee ilaale. Duubaanis duraanis bakkoonni citanii erbeen irra

---

[46] Haqa ummataa saamanii nyaata gaggaarii soorachuu irraa isii qulqulluu taate waan argatan nyaachuutu irra gaarii akka ta'e nuuf ibsuufi.

[47] Kuduraa nyaatamu dha.

bubuufame ni mula'atu[48]. Gurbaanis haala kana xiinxalee *"Yaa dura-bu'aa Mu'umintootaa Rabbiin hoo siif kenneeraa osoo uffata gaarii uffatee maal qaba?"* jedheen. Umaris suuta mataa ol qabatee ***"hawwiin gaariin yeroo jajjabinaati,dhiifamni gaariinis yeroo dandeettii qabanu."*** Jedhee irraa cal'ise.

Beekaan Maslamaa jedhamu tokko yeroo dubbatu "guyyaa Umar ibnu Abdul'aziiz du'u akkuman dhagaheen daddaffiin deemeen mana isaatti ol seene. Haati manaa isaa Faaximaanis mata-duree isaa taa'aa turte. Akkuman dhufeen daddaffiin gara miil-jalee isaa deemtee teesse. Anis suuta yeroon gara miila isaa ilaalu. Uffanni isaa jalli xuratee ture. Anis *'Yaa Faaximaa osoo uffanni isaa kun irraa jijjiiramee hoo?'* jedheen gaafadhe. Isiin garuu akka waan hin dhageenyeetti cal'iste. Anis irra deebi'een gaafadhe. Isiinis suuta ol jettee *'Yaa Maslamaa Rabbiin natti haa ta'u uffata uffatu kana malee hin qabu.'* Naan jette. Anis akka maleen rifadhe." Jedhee nuuf odeessa. Akkuma dura dubbanne mata-duree kana qofa jalatti kitaabban hedduun barreeffamuu danda'u. Haa ta'u malee walitti dheeressuu mannaaf hangas yoo jenne gara mata-duree itti aanuutti haa ceenu.

•••••

[48] Akkuma reefuu dubbanne uffata tokkoonuma kana malee hin qabu.

❖ Sodaa fi Gabbarsuu Rabbii keessatti.

Sodaa Umar Rabbiif qabuu fi gabbarsuu inni Rabbii isaatiif godhuun wal-qabatee beektonni kitaabota seenaa irratti yeroo nuuf kaa'anu. *"Kun uumama namaatii laata? Moo...?"* Nama jechisiisa.

Gabrichi tokko sodaa Rabbii isaa keessatti yaadaan dhidhimuu ni danda'a, boo'uu fi gadduu ni danda'a, kana malees taatewwan kanaan wal fakkaatan hedduu gochuu danda'a. Haa ta'u malee taatee akka Umar ibnu Abdul'aziiz taasisee irratti hirmaachuun akkaan ulfaataadha.

Tarii Nabiyyoota, waahillan jaraa fi namoota akka Umar jiranu kan lakkoofsaan xiqqoo ta'an qofatu taatee kana irratti hirmaachuu danda'a.

Mee gochaawwan seenaa irratti nuuf kaayaman keessaa hanga dandeenye deddeemnee haa ilaallu.

Akkuma mata-duree dabarfatan keessatti dabarsinetti Gaafa daa'imummaa isaa[49] isanni honga ga'ee boo'u haati isaa argiteenii rifatte. Maaltu akka isa boossises gaafatte. Isiin waan namni loleenii ykn wanta barbaadu tokko dhabee takkaanuu woma akka kanaaf seetee gaafatte. Garuu inni faallaa tilmaama isii *"yaa haadha koo du'a yaadadheetani."* Jedheen. Isiinis hamma dura rifatte caalaatti rifattee isa waliin boo'ichatti seente.

---

49 Yeroo sana reefuu akkanni Qur'aana qara'ee xumure kitaabban seenaa hedduun ni dubbatu.

Haati manaa isaa Faaximata binti Abdulmalik guyyaa tokko nama Mugiirata binu Haakim jedhamu waliin osoo waa'ee Umar haasoftuu akkas jette.

"YaaMugiiraa[50] atii fi namoonni akka keetii hundi keessanuu salaata keessatti, kadhaa keessattii fi gabbarsuu Rabbiif godhamu hunda keessatti Umariin caaluu keessantu mala. Garuu Rabbiin sodaachuu keessatti nama isatti qixxaatu hamma jiruu kootii hin argine. Dhimma bulchiinsaatiin qabamee oola.

Akkuma manatti galeen kallattiidhaan bakka salaata isaatti dabarfata. Akkuma salaata eegaleen boo'icha jalqaba. Rabbiinis ni kadhata. Boo'ichi isaa daran dabalaa gaafa dhufu gaggabee kufa. Ammas gaafa of baru gocha isaa jalqabaatti deebi'a. ammas ni kufa. Hanga nuti akka gaggabee achiin hin hafneef sodaannu tokkotti. Hanga bariitti haaluma kanaan itti fufa." Jetti Faaximata binti Abdulmalik.

Beekaan Maymuun ibna Mihraan akkas jedha. "Guyyaa tokko Umar waliin gama bakka awwaalcha ilmaan umawiyyootaa deemne. Innis akkuma achi ga'een boo'icha jalqabe. Xiqqoo turee fuula natti gara-galftee.

---

[50] Namoota gabbarsuu Rabbii keessatti honga ga'an keessatti ramadama.

'YaaAbaa Ayyuub (Maymuun) akkuma argitu kun awwaalcha abboota koo ilmaan umawiyyootaati. Akka waan kaleessa nu waliin hin nyaatinii,nu waliin taa'inii,nu waliin hin jiraatinii,... har'a kunoo haala ati argitu kana keessa jiru.Akkuma kaleessa namatti murteessaa turan har'a ammoo jaratti murtaa'aa jira. Balaan jara qabatee jira. Qaamni jaraas irbaata biyyee taatee jirti.' Jedhee gaggabee of wallaale.

Yeroo xiqqoodhaan boodas of bare. Akkuma of bareen. *'Haadeemnu. Jiruu koo keessatti akka nama bakka awwaalchaa dhaqee xiinxaluu nama dhangaa keessa jiru hin argine.'*jedhe. nus isa waliin gara gandaa dachaane." Jedhee dubbata.

Muhammad ibnu Ayyuub Ash-Shaamiyi namni jedhamu tokko yeroo dubbatu "haati manaa Umar ibnu Abdul'aziiz Faaximaan yeroo tokko tokko teessee ofumaan yaaddee boossi. Guyyaa tokko namoonni isiitti dhihoo jiranu maaliif akka boo'aa jirtu gaafatan. Isiinis yeroo itti himtu...

'Yaa jarana an waa tokkollee rakkadhee ykn jireenya biyya lafaa irraa waa natti hir'atee jennaan boo'aa hin jiru. Wanti akkanatti na boochisaa jiru gochoota dhirsakoo Umar irratti arge keessaa tokko yaadadheetani.' Jettee itti himte. Jarrinis taateen sun maal akka ta'e isii gaafatani. Isiinis...

*'Umar halkan hundumaa dhaabbii salaataa fi kadhaa Rabbii isaatiin dabarsa. Osoma akkanatti jiruu halkan gaaf tokkoo osoo salaataa jiruu aayata qur'aanaa (**Guyyaa ilmaan namaa akka billaacha facaafamtee ta'u:Guyyaa tabbis ammoo akka***

kuufa dhumee ta'u sana.[51]*) jedhu irra ga'e. irra deddeebi'ees qara'uu eegale.*

Yeroo xiqqoo boodas gaggabee bakka dhaabbaterraa kufe. Yeroon gaggabbii isaa dheerachuu irraa kan ka'e waan inni du'en sehe. Haa ta'u malee yeroon booda of bare.

*Yeroo of barettis ka'ee itti fufuuf yaale. Garuu hin dandeenye ammas deebi'ee kufe. Sana booda bakkuma ciise ciisee '**yaa gaabbii koo guyyaa ilmaan namaa hundi akka billaacha facaafamee taatuu fi tabbis akka kuufa dhabamee taatu sana.**' jechuu eegale. Hanga lallabbiin (azaanii)n salaata fajrii ga'utti sanuma deddeebisaa ture.*

Anis waan inni du'u natti fakkaateen gar-malee rifadhee ture. Yeroo hundayyuu taatee kana yeroon yaadadhu nan boo'a.' jettee gaaffii jaraaf deebii kennite." Jedha.

Muhammad ibnu Ka'ab namni jedhamu kan hiriyoota Umar warra ganamaa irraa lakkaawamus yeroo nuuf himu "Umariin erga inni Madiina irraa waamamee gara aangootti dhufeen booda ijaan hin argineen ture. Sana dura kanan argeen yeroo inni bulchaa biyya madiinaa ta'ee jirutti. Yeroo sana qaamni isaa guutuu, fuulli isaa cululuqaa, rifeensi isaa bishaan dhangala'u fakkaata ture.

[51]Sun Guyyaa Qiyaamaati (Suuraa Al-Qaari'aat Boq. 101 Lakk. 4 -5).

Har'a garuu yeroon arguun fuulli isaa daalachaa'ee, qaamni isaa huqqatee, rifeensi isaa dhadhaabbatee, ijji isaa holqa ijasaa keessa bu'een argeen. Anis rifadheen ija koo irra dhaabeen ilaaleen.

Innis haala ilaalcha koo irraa hubatee *'yaa ilma Ka'ab yeroon Madiinaa ture akkanatti na ilaaltee hin beektu. Har'a maaltu argamee jennaan akkanatti na ilaalta?'* naan jedhe. Anis wanta na dinqisiisee fi na rifachiise ittan hime.

Innis *'yaa ilma Ka'ab osoo anaa awwaalamee guyyaa sadi'iin booda na argitee hoo maal jechuufi? Boqoon koo gadi citee, qaamni koo tortoree, afaanii fi funyaan kootiin yeroo raammoon ba'u osoo na argitee silaa gadda har'a naaf gaddite caalaa naaf gaddita ture.'* Naan jedhee boo'icha hamaa keessa seene." Nuun jedha.

Halkan gaaf tokkoos osoo maatii isaatii waliin taa'anuu Umar ibnu Abdul'aziiz boo'icha hamaa keessa seene. Haati manaa isaas boo'icha isaa erga ilaalteen booda of qabuu dadhabdee isa waliin boo'ichatti seente. Haaluma kanaan maatiin guutuun dabareedhumaan boo'ichatti seene. Manni sun keessi mana boo'ichaa fakkaate.

Garuu Umariin malee maatiin kaan maaliif akka boo'aa jiranu hin beekanu. Erga boo'ichi sun qabbanaa'ee booda haati manaa isaa Faaximaan "Yaa Umar haatii fi abbaan koo siif haa wareegamanu. Maali wanti akkana si boossise?" jettee gaafatte. Innis *"Yaa Faaximaa guyyaa boriin yaadadhe. Guyyaa namni hunduu fuul-dura Rabbiitti walitti qabamu. San booda ammoo kaan gara jannataa kaan ammoo gara ibiddaa*